

**BIIROO BARNOOTA BULCHIINSA MAGAALAA FINFINNEE KUTAA MAGAALAA
EEKKAATTI QORUMSA MODEELAA KUTAA 6FFAA GOSA BARNOOTA GADAA KAN
BARA 2016 F QOPHAA'E.**

SA'AA KENNAME 1:00

QAJEELFAMA WALIIGALAA

- 1. AJAJA KENNAME SIRRIITTI DUBBISI.**
- 2. YOO GAAFFII QABAATTE OSOO QORMAANI HIN EEGALIN NAMA TO'ATU
GAAFADHU. QORUMSI JALQABNAAN GAAFFII FI DEEBIIN HIN DANDA'AMU.**
- 3. WARAQAAAN QORUMSAA KUN BARATTOOTA KUTAA 8FFAA SIRNA BARNOOTAA
AFAAN OROMOO BARATANIIF KAN QOPHAA'EEDHA.**
- 4. TOKKOON TOKKOO GAAFFII FILANNOOWWAN AFUR A, B, C FI D JEDHAMANII
DHIYAATAN QABA. TOKKOON TOKKOON GAAFFII FI FILANNOOWWAN ISAA
ERGAA DUBBISTEEN BOODA FILANNOO DEEBII NI TA'A JETTU WARAQAA
DEEBIIF QOPHAA'E IRRATTI QUBEE FILANNOO KEETII QUBEESSAADHAN
GURRAACHEESSI. FAKKEENYA AF "B" KAN FILATTE YOO TA'E AKKA ARMAAN
GADIITTI QUBEE" A'**

[A]B[C][D]
- 5. YOO DEEBII KEE JIJJIRUU BARBAADDE DURA FILANNOO KEE ISA DURAA
SIRRIITTI HAQUU QABDA.**
- 6. QORMAATA KOPHAA KEE HOJJACHUU QABDA.**
- 7. YOO NAAMUSAAN ALA HOJJATTEE ARGAMTE FIRIIN QORMAATA KETTII NI
HAQAMA.**
- 8. YEROON QORMAATAAF KENNAME DHUMUU ISAA TOO'ATAAN YEROO SITTI
HIMU BATTALUMATTI DHAABUU QABDA.**

HANGA SITTI HIMAMUTTI FUULA KANA HIN GARAGALCHIN!

Qajeelfama.Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta’e filadhu.

1. Jiloota armaan gadii keessaa kamtu jila ce’umsa Raabaa gara Doorii Booranatti taasifamuudha.
A. Waddeessa murachuu B. Dhokisuu C.Daannisa murachuu D. Qajima murachuu
2. Miseensonni Raabaa gara Doorii ce’uuf sirni warri dhiiraa raawwatan maal jedhama?
A. Dhibaayyuu bahuu B.Waddeessa murachuu C.Hulluuqqoo D.Qajima murachuu
3. Daannisa Aduloota Raabaa deemanii kan muran eenyu?
A. Abbaa Bokkuu B. Abbaa Gadaa C. Makkala isaanii D.Haaadha warraa isaanii
4. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu ulee ulfoo jila muka qajeelaa aroressa fakkatu irraa muramuudha?
A. Daannisa B.Birbirsaa C.Bokkuu D.deebii hin qabu
5. Faaruu Doorii Tuulamatti beekamu kan ta’e isa kami?
A. Qeexala B.Absaala C.Sirba Olkaa D.Shaggooyyee
6. Kanneen armaan gadii keessaa gahee fi itti gaafatamummaa Doorii kan hintaane isa kami?
A. Muuxannoo adda addaa fudhachuu C.biyya bulchuu
B. Gadaaf gumaachuu D.Jila Doorii raawwachuu
7. Sirbi Olkaa eenyun sirbama?
A. Abbaa Gadaan B. Makkalota Dooriin C. Makkaloota Raabaan D. Kuusaan
8. Kormi jila xumura jila Darrabbaa irratti qalamu isa kami?
A. Korma Saphuuphaa B.Korma Dullachaa C. Korma Obbaatii jilaa D. Korma Nadhii
9. Kamtu jila Kadhannaa Waaqaa jedhamuun beekama?
A. Jila Buttaa B. Jila Darrabbaa C. Jila Nadhii Buluu D. Jila Hulluuqqoo
10. Yaadota armaan gadii keessaa sirrii kan hin taane isa kami?
A. Waaqeffannaan madda gaarummaa fi amala gaariiti
B. Waaqni dhiibbaa kam irraayyuu bilisa
C. Iddoo dhugaan hin jirre nageenyi hin jiru
D. Oromoon Amantaa Waaqeffaannaa ala amantaa biraa Waaqeffachuu hin qabu
11. Akka seera sirna Gadaatti qaamni seera hiiku eenyu?
A. Gumii B.Yuuba C.Yaa’a D. Abbaa Gadaa
12. Jila Dooriin turtii gulantaa Gadaa Dooromaa guutuu waggaa waggaa jilatu isa kami?
A. Jila Daannisa murachuu B. Jila Darrabbaa C. Jila Buttaa D. Qajima murachuu
13. Jilli yeroo Dooriin gulantaa Dooromaa irraa gara dhumaatti dhiyaatee baallii fuudhuuf qophaa’u gaggeeffamu isa kami?
A. Jila Hulluuqqoo B. Jila Waddeessa murachuu C. Jila Buttaa D. Jila Tolee gatuu
14. Faaruu Doorii Booranatti beekamu kan ta’e isa kami?
A. Ragada B. Ruddii C.Sirba Olkaa D. Absaala
15. Kanneen armaan gadii keessaa tokko adda?
A. Seera B. Abbaa Gadaa C. Gulantaa dhalootaa D.Sirna Lub-daneessaa
16. Aangoon gogeessa Gadaa shananii waggaa meeqatti naanna’ee walgaha?
A. Waggaa 80 B. Waggaa 50 C. Waggaa 40 D. Waggaa 8
17. Gadaan dhaloota hangafaa Maandhaan tartiibessuun maaliif barbaachise?
A. Umrii beekuuf B. Maandhaa kabajuuf C. Fuudhaafi heerumaaf D.Adabbiif
18. Abbaan Gadaa yoo badii dalage seera maal jedhamuun adabama?
A. Seera Biyyaa B. Seera Gadaa C. Seera Adabbii Saddeetaa D. Seera Safuu

19. Waa'ee seera Sirna Gadaa ilaalchisee kamtu Soba?
 - A. Namni badii dalage hundi seeraan adabama.
 - B. Gogeessi tokko aangoo isaa seeraan ala itti fayyadamuu hin danda'u.
 - C. Qaamni seera tume seera sanaan hin adabamu
 - D. Aangoon gogeessa tokkoo daangaa yeroo qaba.
20. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu gogeessa Gadaa Tuulamaa miti?
 - A. Birmajjii B. Fadata C. Duuloo D. Roobalee
21. Sirna Gadaa keessatti qaamni seera tumu eenyu?
 - A. Abbaa Bokkuu B. Gumii C. Yuuba D. Abbaa Gadaa
22. Kan armaan gadii keessa tokko mummicha dursaa Gumii Gadaati.
 - A. Abbaa Heera Caffee B. Abbaa Caffee C. Abbaa Gadaa D. Jilba Jidduu
23. Kanneen armaan gadii keessaa tokko Mummicha qaama seera raawwachiiftuu bulchiinsa Gadaa fi bulchaa biyyaati.
 - A. Abbaa Caffee B. Jilba Jidduu C. Abbaa Gadaa D. Gumii
24. Namni yeroo caffee seera tumu seera yaadatee ibsuu fi hayyuu seera Gadaa ta'e isa kami?
 - A. Af naqii B. Abbaa heera Caffee C. Abbaa Duulaa D. Abbaa heera Caffee
25. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu itti aanaa qaama seera hiiktuu bulchiinsa Gadaati?
 - A. Jilba Mirgaa B. Abbaa Caffee C. Jilba Bitaa D. Abbaa Heera Caffee
26. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu dhaabbilee shanan Gadaa waggaa saddeet saddeetiin aangoo wal harkaa fuudhanii ummata bulchaniidha.
 - A. Qadaadduu B. Walaannaa C. Gogeessa D. Luba
27. Gogeessa shanan Gadaa keessaa kanneen aangoo walitti hin kenninee fi aangoo walirraa hin fuune maal jedhama?
 - A. Gogeessa B. Walaannaa C. Qadaadduu D. Yaa'a
28. Gogeessi Gadaa tokko walduraa duubaan Walaannaa fi Qadaadduu meeqa qaba?
 - A. 3 fi 4 B. 2 fi 1 C. 1 fi 1 D. 2 fi 2
29. Waa'ee Waaqeffannaa ilaalchisee yaadni soba ta'e isa kami?
 - A. Waaqeffattoonni waan hunda kan ofharkaa qabu waaqa jedhanii amanu.
 - B. Waaqeffannaan amantii ganamaa ummata Oromooti.
 - C. Oromoon Waaqni gara jabeessa jedhee amana.
 - D. Waaqeffannaan Waaqa tookkicha ofitti aanfachuudha.
30. Akka Sirna Gadaatti gogeessa Gadaa meeqatu jira?
 - A. 8 B. 5 C. 40 D. 7
31. Faaruu Doorii Gujiitti beekamu maal jedhama?
 - A. Dhiichisa B. Absaala C. Qeexala D. Sirba Olkaa
32. Hordofoonni amantii Waaqeffannaa maal jedhamanii beekamu?
 - A. Hordofoota B. Kiristaanota C. Waaqeffattoota D. Musliimota
33. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu nama hasaasa Waaqaa qaba jedhamee beekkamuudha.
 - A. Ayyaantuu B. Qaalluu C. Raaga D. Waaqeffannaa
34. Akka xinxaallii Ayyaantuutti Maqaan guyyoota 27f kennamu maal jedhama?
 - A. Woyyuu B. Raaga C. Ayyaantummaa D. Ayyaana
35. Namoonni taatteewwan garaagaraa nama dhuunfaa fi hawaasa bal'aa irratti mul'achuu danda'an dursanii himan maal jedhamanii beekamu?
 - A. Ayyaantuu B. Qaalluu C. Raagduu D. Himtuu

36. Kanneen armaan gadii keessaa tokko adda?
A. Qaalluu B. Raagduu C. Dhibaaayyuu D. Ayyaantuu
37. Kanneen armaan gadii keessaa kamtu ayyaana Waaqa kadhachuu fi Waaqa galateeffachuuti?
A. Qaalluu B. Dhibaaayyuu C. Raaga D. Ayyaana
38. Irreechi Birraa eessatti kabajama?
A. Gaaratti B. Malkaatti C. Tulluutti D. Abdaariitti
39. Dhibaaayyuun Birraa Ji'oota Kam keessa dhibeeffatama?
A. Mudde, Amajjii, Guraandhala C. Bitootessa, Ebla, Caamsaa
B. Fulbaana, Onkoloolessa, Sadaasa D. Waxabajjii, Adoolessa, Hagayya
40. Gogeessota Shanan Gadaa keessaa kan baallii waliif kennuu fi walirraa fudhatu maal jedhama?
A. Qadaadduu B. Qadaadduu duraa C. Gogeessa D. Walaannaa